Brucellosis

Oromo


Minnesota Department of Health

Waraqaa waa'ee Baayooteereriisiim dhugaa hiimmtu/dubaatu 12/7/2005

# Bruseloosis (Brucellosis)

## Biruseloosis Maali (brucellosis)?

Biruseloosiin (brucellosis) dhibee jarmii (bacteria) irra dhufee kan horeewaan addaa waan akka, hoolawaan, ree'eewaan,sa'oota fi bineensota bosonaati, qurphuuta, boyoota fi saroota kan miidhudha. Akkasumas dhibee akka qufaa/dukaaka kan fakkaatan miliikiitoota/ malaatoota namootti fiduu dandaa'a. Namooni dhibee bruuseeloosii qaban tari waan akka qaama/nafa/dhanna gubaa (fever), daffqoota, mataboowoolii/ matadhukuuboota (headaches), duggda dhokuuboota fi qaama dadhabiinoota horuu dandaa'u. Yoo dhibdooni kuni namatti cimaan, hundeen samuu nama (central nerve system) fi akkaata lapheen namaa (lining of the heart) itti ta'ee hojjeetu tari ni miidhama ta'a. Biftoota dhibdee kana keessa ini tokko miiliikiitoota yeroo dheeraadhaaf ta'aan kana akka qaama guboota irra dedeebiani ta'anii (recurrent fevers), dhibee buusaa qaama (joint pain) fi nama dadhaabsiisuu. Erga balaan kuni nama qunamee booda guyyaa shani tii haga 60 itti miliikiitooti kuni argaamuu dandaa'u.



*Biruseloosis bakkteria/iarmii*

Dhiboon bruuseeloosiis kan namaa kan ta'e haga kanaatti beekaama miti, namoota 100 tii haga 200 dhibdooti kana kan qaban biya Ameerikaa (U.S.) keessatti gabaasi waggaa itti ni galfaama. Akkasumas bruuseeloosisiin yoo baayesee nama dhukubsaachiisu danda'u, baayee nama hinajeesu.

## Namooni attamitti dhibdee biruseloosisiin argaachuu danda'u?

Namooni jirmii dhibee kanaan kan isaan qabamuu danda'an akka kanatti

- nyaata yookaanis dhugaati jarmii kanaan qabame yoo nyaatan ykn yoo dhuganiidha.
- yoo jarmii kana gara sommba isaanitti fudhaatan
- qaama madaa jarmii kanaan qabame yoo qabaatan

Karaan ini salphaan itti namooni bayyeen dhibee kana argaatan dhugaati aannanii (unpasteurized milk) danfee hinbishaatiin dhuguudhaan ykn chiizii (unpasteurized cheese) danfee hinbishaatiin nyaachuu dhaaniidha. Akkasumas jarmii kana harkiisanii somba ofiiti liqimsuudhaan argaachuu ni danda'u. Waan akkasi kuni yeroo baayee ta'u hindanda'u. Hata'uu iyyu male, namoota hojeetoota tokko tokkoo irratti argaamaniif balaadha: namoota labooraatoorii (laboratory) keessa hojeetan ykn namoota mana qalii/keessa hojeetan (slaughterhouse workers), fakeenyaaf. Madoota jarmii kanaan qabaman hakiimoota sa'aa/ykn bineessa tiif, qaloota mana qalii keessa hojjeetan ykn namoota bineesa adamsani tiif. Namooti adamsiituun bineesoota yeroo bineesoota qulquuleesan osoo hinbeekin nyaata jarmii isa biruseloosis qabu itti bu'e nyaachuudhaan qabaamuu danda'u.

Akkasumas beeka akka dhiibeen jarmii (bacteria) biruseloosis jedhaamu qileensa keessatti gadi dhiisuudhaan nama gaagaa'u ykn nyaata keessa godhuudhaan akka namni gaagaa'amu ni dadaa'ama.

MINNESOTA MDH DEPARTMENT OF HEALTH
Communications Office
625 North Robert Street
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-4989
www.health.state.mn.us

# Bruseloosis (Brucellosis) – Fuula 2

## Biruseloosis nama biroo irra nama qabuu ni danda'a?

Ni dandaa'ama namooni dhibee bruusiiloosis kana kana walitti dabaarsuu - garuu waan akkas yeroo yartuu taa'a. Waan kun yeroo baayee xiqqaa ta'uu ni danda'a. Kunis yeroo haadhooliin daa'iimoota isaani harma hoosiisan daa'iimaanoota isaanii itti darbuu ni danda'a. Akkasumas jarmiin kuni dhiiraa fi dubaartiin waliwajiin yroo ciisaniini (transmitted sexually) ni darba.

## Biruseloosis wallanaamuu ni danda'am?

Brusiiloosisiin antiibyootiksiin (antibiotics) walaanamuu ni dandaa'ama-garu kunis yeroo baayee fuudhaachuu dandaa'a akkasumas wallaansi isaa baayee dadhaabsiisaadha. Kunis kan inni murtaa'uu dandaa'u ciimiina dhibdee (severity of the illness) sana irratti fi yoomi akka wallaansi sun jalqabeedha-dhibee kana irra wallanamanii faayuun torbaan muraasa tokko irra hamma ji'oota murasa tokko fuudaachuu ni mala.

## Akka dhibeen biruseloosiin nama hinqabne ittiisa godhuu ni danda'ama?

Kittiibaatiin akka dhibdee bruuseeloosisii nama hinqabneef fudhatmu hinjiru. Haata'u malee, yoo nyaata ykn dhugaatii akka aanaani akka gaarii hinbisheesiin/hinhoo'isiin (unpasteurized milk) dhuguu dhiisan akkasumas yoo nyaata akka chiizii (cheese) fi ayisikriimii (ice cream) yeroo karaa deeman nyaachuu dhiisan caraa dhibeen kun itti nama qabu xiqeessuun ni dandaa'ama. Adamsitootni bineesotaa yeroo bineessoota ajeesaani mia'a garaa keessa (internal organs) baa'asani laastikii harkatti (rubber gloves) kaayaatani/uffataani hojjeechuu qaban.

## Maaliif biruseloosisiin meeshaa shoroorekeesiitu ta'uu danda'ama jedhamee yaadaama?

Biruseloosisiin namoota dhukuubsuu danda'a-kaanaatiif namoota kana hojjii isaan hojjeetani ittiin jiratan irraa yeroo dheeraadhaaf waan ittisuu danda'uufiidha. Egaa jarmii (bacteria) kana akka inni nama miidhuu dandaa'utti gadi dhiisuudhaan akka inni dhukkuba kana irra nama buusu godhuuni ni danda'ama. Yoo dhibeen kun yeroo hedduu nama hinmiidhu yoo ta'ee iyyuu, garuu nama baayee dhukuubsaachiisuu dandaa'a. Namoota nagaa eegduu ta'aniif dheebee biruseloosis kana duuka bu'anii/hordoofanii akka inni faca'ee miidhaa hinfiin gochuuf baayee dadhaabsiisaadha.

## Yoo ani dhiidbee biruseloosis qaba jedhee amaane maali gochuun nara jira?

Namooni bruusiiloosis qabna jedhaani amaanaan haakiima/dokktoora arguu qaban. Akkasumas nama seera eegduu naanoo isaani itti argaaman qunaamuu qaban, yoo sosoochii waan nama shaakiisiisu tokko naanoo isaani itti argan. Kunis dhiibdee akka biruseloosis ykn dhibedee biroo kan ummata itti faca'uu yoo argaan.